



Yoo dhibee vaayirasiikoronaa (KOOVID-19)'n qabamtanii ta'ee maal akka gochuu qabdan


What to do if you've tested positive for coronavirus (COVID-19) – Oromo

Yoo dhibee vaayirasiikoronaa (KOOVID-19)'n qabamtan

Hanga Diippaartimentiin Fayyaa fi Tajaajilootaa Namootaa fayyaa ta'uu keessan isinitti himanitti dirqama qofaatti of-baasuu qabdu. Qajeelfamoota kana hordofuun baay'ee isin barbaachisa – akkaa seeraan barbaadametti.

Odeeffannoo dabalataaf, toora bilbilaa vaayirasiikoronaa **1800 675 398** (sa'aatiwwan 24, torbee keessatti guyyoota 7) 'f qunnamaa.


Yoo toora bilbilaa vaayirasiikoronaaf bilbiltan, filannoo zeeroo (0) filachuudhaan turjubaana (hiikaa afaanii) argachuu dandeessu. Bilbiloota biroo kamiifiyyuu, yoo turjubaanni (hiikaa afaanii) isin barbaachisee, jalqaba **131 450** irratti TIS National'f bilbilaa.




Mana turaa



Harka keessan dhiqadhaa akkasumas utaalloo fi haxxiifannoo keessan haguugaa



Maatii fii hiriyoota keessan irraa qofaatti of-baasaa



Yoo gargaarsi fayyaa isin barbaachise, doktora keessaniif yookin toora bilbilaa irratti bilbilaa

Maaliif qofatti adda bahuun na barbaachisee?

Carraan vaayirasiikoronaa nama irraa gara namaatti daddarbuu waan guddaa ta'eef namni tuxuqqii dhiyeenyaa qabu kamiyyuu dirqama qofaatti baafamuu qaba. Maatii fii hawaasa keessan eeguudhaaf karaan inni gaarii mana keessa turuu fi akkasumas namoota biroo irraa fagaachuu (fageenya qaamaa) taasisuudha. Qofatti of baasuun yaaddoo (dhiphina) keessa nama galchuu danda'aa garuu tamsaa'inaa vaayirasiikoronaa ittisuu danda'a.

Qofaatti of-baasuu jechuun sababa kamiifiyyuu, yoo kunuunsa fayyaa argachuuf yookin yeroo balaa tasaatiif ta'e malee mana keessan yookin bakka jirtan keessaa bahuu hin dandeessanii jechuudha. Sochii qaamaa taasisuudhaaf mana keessaa bahuu hin dandeessani. Qofaatti adda bahuun

barbaachisutti yoo ala baatanii argamtan hanga \$4,957 adabamuu dandeessu. Mana turaa akkasumas nagaan turaa.

Yoo namni isin beektan kamiyyuu mallattoolee kana qabu taanaan dirqama qoratamuu fi mana keessa turuu qabu.

Eessattiin qofattii of-baasaa?

Dhaabbii tokko malee, dirqama battaluma sanatti bakka qofatti of-baaftan sana deemuu qabdu. Kunis yeroo hunda mana keessan keessattidha, garuu Diipartimentiin Fayyaa fi Tajaajilootaa Namaa tarii bakkaa mijaawaa biraattii akka qofatti of baaftan isiniif eeyyamuu danda'u.

Battaluma sanatti dirqama gara bakka itti qofatti of baaftanii deemuu qabdu.

Eenyuttin himuu qabaa?

Erga waayeen deebii qorannoo dhibee kanaan qabamuu keessan ibsu isinitti himamee booda, qacartootaa keessanitti himuu qabdu akkasumas namootaa tuxuqqii dhiyeenyaa isin waliin qabanis beeksisuu qabdu. 'Tuxuqqiin dhiyeenyaa' nama tarii isin vaayirasicha itti dabarsuu dandeessanidha, kunis namoota waliin jiraattan, kan dhiyeenyaan waliin hojjattan, yookin bakkee yaa'iiwwan hawaasaa irratti waliin turtan of keessatti dabalachuu danda'a.

Carraan vaayirasiikoronaa nama irraa gara namaatti daddarbuu waan guddaa ta'eef, namoonni isin waliin jiraattan hundi isaanii iyyuu qofa qofaatti adda bahuun isaan barbaachisa. Kunis daa'imman ni dabalata.

Qorannoo poositivii booda maaltu mudataa?

Gareen fayyaa hawaasaa waayee namootaa isin waliin tuxuqqii qabdani isin waliin haasa'u. Gareen fayyaa hawaasaa namootaa akka tuxuqqiiwwan dhiyeenyaatti ilaalamanis ni qunnamu. Bakka isin itti qofaatti of baaftanii fi nama isin waliin jiraatuu ni galmeeffatu.

Gareen fayyaa hawaasaa yeroo yeroodhaan isin qunnamu. waayee nagaan ofii seeraan eeggachuu yookin yoo gargaarsi dabalataa isin barbaachise yeroo hundumaa isaan qunnamuu ni dandeessu. Hanga gareen akka baatanii qulqulleessii isiniif kennanitti dirqama bakka qofaatti of baasuu keessa turuu qabdu.

Akkamitti akka nagaan turan

Yoo xiyeeffannoo fayyaa barbaachaaf yookin yoo balaan tasaa mudatee qofaa malee mana keessan yookin bakka turtii keessan keessaa bahuu hin qabdani.

- Kutaa garaagaraa keessa turuudhaan namoota biroo irraa qofattii of baasaa.
- Harka keessan yeroo yeroodhaan dhiqadhaa akkasumas utaalloowwanii fi haxxifaannaawwan keessan haguuggadhaa.
- Yeroo namoota kaan waliin kutaa wal-fakkaataa keessa jirtan maaskii wal'aansaa uffadhaa akkasumas meetira 1.5 wal-irraa fagaadhaa.
- Yoo danda'amee, bakkaa dhiqannaa qaamaa qofa qofaatti fayyadamaa.
- Meeshaalee mana keessa (saayinii, siinii fi fal'aanaa dabalatee) waliin fayyadamuu dhiisaa.
- Qaamaa mana keessaa (gubbaa minjaalaa, balbaloota, kiiboordii, bantuu cuftuu bishaanii akkasumas qabannaawwan) qulqulleessaa akkasumas yeroomara uffata dhiqaa.
- Yeroo wantota faalaman harkaan qabdan maaskiiwwan wal'aansaa fii gilaaviiwwan harka fayyadamaa.
- Waantoota faalaman kanneen akka gilaaviiwwanii fi maaskiiwwanii bakka kosiin itti gatamu keessattii gatuu.
- Mana yookin bakka turtii keessan keessatti namoonni akka dhufaanii isin gaafatan hin godhiinaa.

- Mana dhuunfaa yookiin appartamaa keessa jiraattu ta'e gara mooraa keessanii yookin gara baalkonii (barandaa) keessanii deemuu dandeessu. Yeroo bakka jireenyaa keessan keessa deemtan maaskii wal'aansaa uffachuu qabdu.

Nyaata yookin waantoota barbaachisoo biroo argachuudhaaf, hiriyoota yookin maatii keessan, kanneen qofaatti bahuun isaan hin barbaachisne gaafadhaa.

Qofaatti adda bahuun barbaachisutti yoo ala baatanii argamtan hanga \$4,957 adabamuu dandeessu. Mana turaa akkasumas nagaan turaa.

Mallatoolee keessan to'adhaa

Yoo mallatooleen keessan hammaatan garuu baay'ee cimaa miti ta'e, doktora keessaniif bilbilaa. Yoo balaa fayyaa akka tasaa ta'e (fakkeenyaaf, hargansuu dadhabuu) 000 irratti bilbilaatii akka ambulaansii isiniif ergan gaafadhaa. Hogganaa ambulaansichaatti akka vaayirasiikoronaa (KOOVID-19) qabdan itti himaa.

Nageenya keessan eegadha

Qofaattii adda bahanii turuun ulfaataa ta'uu danda'a, keessumaayyuu daa'immaniif.

- Miseensota maatii biroottii haasawaa. Odeeffannoo waayee KOOVID-19 hubachuun sodaa ni hir'isa.
- Yoo danda'ame, qacartootni keessan waliin karaa ittiin mana teessanii hojii keessan dalaguu dandeessan mijeessaa.
- Daa'imman keessan mana irraa akka barataniif deeggaranii. Qabeenyota onlaayinii (toora) irraa jiran argadha.
- Maatii fii hiriyoota waliin karaa bilbilaa, iimeeyilii yookin miidiyaa hawaasaa qunnamaa.
- Rofaatti bahinsi sun akka yeroo dheeraadhaaf hin turree yaadadhaa.
- Qabeenyota onlaayinii (toora) irraa – gorsa ciisicha, nageenyaa fi sochii qaamaa mana keessaa dabaltee argadha. Viidiyoowwan [Wellbeing Victoria](https://www.together.vic.gov.au/wellbeing-victoria) <https://www.together.vic.gov.au/wellbeing-victoria>.

Yoo tasgabbaa'aa hin jirtani ta'e, doktora keessanitti dubbadhaa yookin kanneen gadii qunnamaa:

- [Lifeline Australia](https://www.lifeline.org.au/) <https://www.lifeline.org.au/>, bilbila: **13 11 14**
Tajaajila deeggarsa rakkoowwanii kan yeroo kam ittiyyuu deeggarsa dhiyeessu dha.
- [Beyond Blue](https://www.beyondblue.org.au/) <https://www.beyondblue.org.au/>, bilbila: **1300 22 4636**
Namootaa qofaatti adda bahanii jiraniif deeggarsa ogeessotaa dhiyeessaa jiru.
- [Kids Helpline](https://www.kidshelpline.com.au/) <https://www.kidshelpline.com.au/>, bilbila: **1800 551800**
Namoota dargaggoodhaaf tajaajila gorsaa bilisaa fi iccitawaa ta'e.

Deeggarsi ni argama

Hojjetoota Viiktooriyaa seeraa qabeeyyii ta'an kanneen vaayirasii koronaadhaan qabaman yookin dhimma mirkaneeffamee waliin tuxuqqii dhiyeenyaa qaban gargaaruudhaaf kaffaltiin si'a tokkichaa \$1,500 ni jira. Odeeffannoo dhaaf kana ilaalaa [Kafaltii Hojii Dhiisuu Balaa Weerara](https://www.servicesaustralia.gov.au/individuals/services/centrelink/pandemic-leave-disaster-payment) <https://www.servicesaustralia.gov.au/individuals/services/centrelink/pandemic-leave-disaster-payment>.

Hiriyoota yookin maatii irraa gargaarsa argachuu hin dandeessani ta'e nyaataa fi waantoota dhuunfaa waliin paakeejiiwwan gargaarsaa yeroo balaa tasaa ni ni jiru.

Deeggarsaa fi paakeejiiwwan gargaarsaa irratti yookin manneen gargaarsa nyaataa itti argatanii ilaaluudhaaf yoo odeeffannoo barbaaddan, visit [DHHS.vic. – Uggura fi Qofatti bahuu](https://www.dhhs.vic.gov.au/self-quarantine-coronavirus-covid-19) <https://www.dhhs.vic.gov.au/self-quarantine-coronavirus-covid-19> or call the Coronavirus hotline on **1800 675 398**.

Odeeffannoo kunuunsa kenniitotaa fi miseensota maatii biroodhaaf

Yoo maatiiwwan dhukkubsatoo eegaa jirtu ta'e, namoota mana keessan keessa jiran hundumaa nageenya isaanii eeguudhaaf waantonni isin gochuu qabdan kanneen barbaachisoo ta'an muraasni ni jiru:

- Namni dhukkubsate sun namoota biroo irraa fagaatee, kutaa tokko keessa turuu isaa mirkaneessaa.
- Yeroo danda'ametti balbala isaanii cuufudhaan akka foddaa isaanii banan godhaa.
- Lakkoofsa kununsitootaa hanga danda'ametti hir'isaa.
- Harka keessan yeroo hundumaa bishaanii fi saamunaa dhaan dhiqadhaa yookin erga mana seentanii boodaa saanitaayizara harkaa fayyadamaa.
- Meeshalee nyaataa fi mana keessaa kan nama dhukkubsate sanaa miseensota maatii biroo irraa adda baasuun tursiisaa.
- Yeroo kutaa nama dhukkubsate sanaa keessa jirtanitti yoo ni argama ta'e, maaskii wal'aansaa (maaskii fuulaa al tokkicha fayyadu) uffadhaa Yoo maaskii wal'aansaa hin qabdan ta'e, bakka isaa, haguuggii fuulaa kanneen akka iskaarfii yookin marxoo fayyadamaa.
- Waantota yeroo baay'ee tuxxuqaman kanneen akka gubbaa minjaalotaa, balbaloota, kiiboordiiwwan, cuuftuu fi baantuwwan bishaanii akkasumas qabannoowwan yeroo yeroodhaan qulqulleessaa.
- Sooftiiwwanii fii maaskiiwwan korojoo samsamee (cufame) keessatti gataa.
- Yeroo laawondarii fayyadamtan maaskii fi gilaaviiwwan fayyadamaa akkasumas ho'insaa isaa olaanaa irra gochuudhaan miiccaa.
- Namoota dhufanii isiin ilaalaan hin qabaatiinaa.

Yoo nama sanatti dhibeen hammaachaa dhufe, gorsaaf toorabilbilaa **1800 675 398** irratti bilbilaa. Yoo doktora keessan qunnamuu barbaaddan, akka qophaa'aniif duursaatti bilbilaa.

Mallattoolee to'achuu

Namni isin kununsaa jirtan sun yoo mallattoolee ciccimoo kanneen akka hargansuu dadhabuu agarsiise, **zeeroo sadee (000)** irratti bilbilaatii ambulaansii gaafadhaa.

Namni kamiyyuu mallattoolee kamiyyuu qabaate qoratamuu fi mana keessa turuu qaba.

Mallaattoolee armaan gadii keessaa kamiyyuu yoo qabaattan qoratamaa: ho'ina qaamaa, qorra qorra jechuu yookin dafquu, utaalloo yookin madaa'ina qoonqoo, hargansuu dadhabuu, dhangala'aan qal'aa funyaan keessaa yaa'uu, miiraa fuunfachuu fi dhamdhamuu dhabuu.

To find out more information about coronavirus and how to stay safe visit
[DHHS.vic – coronavirus disease \(COVID-19\)](https://www.dhhs.vic.gov.au/coronavirus)
<<https://www.dhhs.vic.gov.au/coronavirus>>

If you need an interpreter, call TIS National on 131 450

For information in other languages, scan the QR code or visit
[DHHS.vic –Translated resources - coronavirus \(COVID-19\)](https://www.dhhs.vic.gov.au/translated-resources-coronavirus-disease-covid-19)
<<https://www.dhhs.vic.gov.au/translated-resources-coronavirus-disease-covid-19>>



For any questions

Coronavirus hotline 1800 675 398 (24 hours)

Please keep Triple Zero (000) for emergencies only

To receive this document in another format phone 1300 651 160 using the National Relay Service 13 36 77 if required, or [email Emergency Management Communications](mailto:covid-19@dhhs.vic.gov.au) <covid-19@dhhs.vic.gov.au>.

Authorised and published by the Victorian Government, 1 Treasury Place, Melbourne.

© State of Victoria, Australia, Department of Health and Human Services, updated 10 August 2020.

Available at [DHHS.vic –Translated resources - coronavirus \(COVID-19\)](https://www.dhhs.vic.gov.au/translated-resources-coronavirus-disease-covid-19)

<<https://www.dhhs.vic.gov.au/translated-resources-coronavirus-disease-covid-19>>